

Karoora Itti Gaafatamummaa Dhuunfaa (IRP) Individual Responsibility Plan (IRP) Karoora Itti Gaafatamummaa Dhuunfaa 'WorkFirst' kan

LAKK. EENYUMMAA JAS

LAKK. GALMEE

LAKK. EENYUMMAA MAAMILAA

Ani hubannoo armaan gadii nan qaba:

- Ani hojii hojjechuu, hojii barbaaduu ykn hojiif qopha'uun kan narraa eegamu ta'uu
- Ani hojiiwwan barbaachiisaa ta'an hojjechuun qaba. Yoon kan gochuu baadhe, sababa gahaa qabaachuu koo mirkaneessuu yoon baadhe ani kan adabamu ta'uu; Kunis haala qoqqobbii dursa hojii jedhu keessa kan jiru jedhamee beekama. Ani yoo qoqqobbiin narratti gatame, kana jechuun:
 - Gargaarsi koo %40 ykn gahee nama tokkootiin, kanneen keessaa isa guddaatiin ni hir'ifama.
 - Ani qoqqobbii keessaa bahuuf walitti aansee torban afuriif IRP koo hordofuun qaba.
 - Takkaa walitti aansee waanta narraa barbaadamu torban afuriif yoon hojjedhe adabbiin qoqqobbii koo hirmaannaa ani torban afuriif taasiise hordofee ji'a isa duraa jiru keessatti kan kaafamu ta'a.
 - Yoo ani ji'oota afur walitti aansee qoqqobbii keessa ture dhimmi kiyyaa cufamuu ni danda'a.
 - Dhimmi kiyyaa yoo cufame, ani maallaqa callaa fudhachuu danda'uu koon dura irra deebi'ee iyyata dhiyeefachuun walitti aansee torban afuriif hirmaachuutu narraa eegama.
 - Dhimmi kiyyaa yeroo sadii ykn isaa ol yoo cufame, Ani dhaabbataadhaan gargaarsa TANF/SFA argachuu dhiisuu nan danda'a.
- Ani akka hin deegare kan na godhu sababa gahaa yoon qabadhe irraa kan hafe yeroon faayidaalee TANF/SFA argadhutti Kutaa Ol'aanaa Deegarsa Daa'immanii wajjin waldeegaree hojjechuun qaba. Deegarsa daa'ima haala milkaahadhaan fudhachuun ani fedhii gargaarsa maallaqaa argachuu barbaadu hambisuuf na gargaaruu danda'a.
- Ani akka yeroon isaa dheeratu kan naaf heeyyamamu yoo ta'e irraa kan hafe faayidaalee maallaqaa kan TANF/SFA bara jireenya koo keessatti ji'oota 60tiif qofa argachuu danda'a.
- Ani faayidaalee maallaqa callaa ji'oota _____ tiif fudhadheera.
- Ani hojii hojjechuu, hojii barbaaduu ykn hojiif qopha'uun kan narraa eegamu ta'uu nan hubadha. Ani hojii saganteefame irratti argamuu yoon dadhabe, ani namichaaf lakkoofsa bilbilaa armaan gaditti tarreefame irratti bilbilaaf.
- Ani hojiiwwan armaan gadii torbanitti yeroo armaan gaditti ibsameef hojjechuun qaba:

Akka ani karoora koo hin hordofne sababa gahaan na taasiisu yoo jiraate, hanga danda'ameetti ani dafee Ispeeshalistii/hojjetaa hawaasummaa sagantaa "WorkFirst" koo wajjin waldubbisuun dhimma kana irratti nan marihadha. Fakkeenyyotni sababa gahaa muraasni kanneen armaan gadii of keessatti ni hammatu:

- Ani beellama irraa sababa dhukkubaatiin ykn namni daa'ima kiyyaa kunuuns otuu hin eegamiin naaf kunuunsuu yoo dhabe ykn sababa geejibaatiin yoon hafe;
- Ani dhibee tasaa yoo na mudate (qaama, sammuu, ykn miira);
- Ani miidhaa ykn haleellaa maatiif yoon saaxilame;
- Ani daa'imman waggaa 13 gadiidhaaf naannoo kootti dhaabbata kunuunsa daa'immanii gatii gaarii fi humna kootiin danda'amu argachuu hin dandeenye;
- Rakkoo seeraa qabeessa ariifachiisaa ta'e yoo namudate;
- Ani miidhaa qaamaa ykn dhibee muraasa kan qabu yoo ta'u kun immoo ulaagaalee sagantichaa guutuu irraa na dhowee jira; ykn
- Ani nama gaheessa kan miidhaa qaamaa cimaa fi yeroo dheeraaf narra ture kan qabu dha;
- Ani daa'ima fedhii addaa qabu ykn nama gaheessa qaama miidhamaa ta'e kan biraa kunuunsuuf manatti nan barbaadame;
- Ani umuriin kiyyaa waggaa 55 ykn isaa ol yoon ta'u daa'ima nan guddisa garuu ani maatii daa'imichaa miti; ykn
- Ani haala mijeessaa DSHS wajjin ta'uun SSI tiif iyyata dhiyeeseen jira.

Ani karoora kana irratti yoon waliigaluu badhe dhimmichi akka irra deebi'amee akka naaf ilaalamuu fi/ykn ol'iyyaannoon akka naaf kennamu gaafachuuf ani mirga nan qaba. Ol'iyyannoo gaafachuuf ani waajjira tajaajila hawaassaa koo ykn waajjira Office of Administrative Hearings, DSHS, PO Box 42488, Olympia WA 98504-2488, ta'e guyyaa hogganaana dhimma kiyyaa armaan gaditti mallatteessee eegalee guyyoota 90 keessatti dubbisuun qaba. Koppiin karoora itti gaafatamummaa dhuunfaa koo naaf kennameera.

CASE MANAGER'S SIGNATURE

DATE

MALLATTOO KOO

GUY YAA

LAKK. EENYUMMAA	LAKK. GALMEE	LAKK. EENYUMMAA MAAMILAA	
ULAAGAALEE ICCIITIIDHAAN QABAMAN			
<p>Ani hojii kiyyaatti akkan cimuuuf, hojii kiyyaa irra akkan turuuf, hojii akkan fudhadhuuf, hojii akkan barbaaduuf ykn karoora koo akkan hordofuuf tajaajila deegarsaa argachuu na barbaachiisuu ni danda'a. Ani murtii waa'ee tajaajila deegarsaa ilaalchisee kenname irratti waliigaluu yoon dadhabe ani dhimmichi akka irra deebi'amee naaf ilaallamu fi/ykn ol'iyyannoo gaafachuu nan danda'a. Ani tajaajila deegarsaa kan akka armaan gaditti ibsamani kanan barbaadu yoo ta'e ispeeshalistii/hojjetaa hawaasummaa sagantaa 'WorkFirst' koo nan gaafadha:</p> <ul style="list-style-type: none"> • Suphaa konkolaataa • Huccuu • Tajaajila gorsaa • Daayiparii • Baasiiwwan barnootaa • Qulqullina dhuunfaa • Kanfaltii heeyyamaa • Mataa murachuu • Tikkeettii awutoobisii • Faayidaa • Meeshaalee hojii • Karoora maatii <p>Yeroon qoqqobbii irra jirutti, hanga ani IRP koo hordofuu eegalutti tajaajila deegarsaa (kan akka maallaqa huccuu hojii bitachuuf oolu ykn kan geejiba) argachuu hin danda'u.</p> <p>Yoon sababa gahaa malee Kutaa Ol'aanaa Deegarsa Daa'immanii wajjiin waldeegaree hojjechuuf heeyyamaa ta'uu baadhe, hammi gargaarsa ani argadhuu kan hir'ifamu ta'uu nan hubadha. Sababbootni gahaan daa'imman koo ykn ana irra miidhaan gahuu danda'a sodaa jedhu of keessatti hammata. Yeroo ani gargaarsa TANF argadhutti deegarsa daa'ima fudhatame kamiyyuu kutaa biyyichaaf deebifamee kan kanfalamu ta'uu nan hubadha.</p> <p>Ani deegarsa TANF/SFA fudhachuu yeroon dhaabutti, Kutaa Ol'aanaan Deegarsa Daa'immanii ani akka dhaaban yoon isaan gaafadhe irraa kan hafe deegarsa daa'ima funaanee naaf erga. Ani tajaajiloota deegarsaa, qoqqobbiiwwanii fi deegarsa daa'ima nan hubadha.</p>			
CASE MANAGER'S SIGNATURE	DATE	LAKK. EENYUMMAA MAAMILAA	GUY YAA